**DOI: [https://doi.org/10.20372/jdq.v2i2.1163](https://doi.org/10.20372/jdq.v2i2.1163)**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2): 170-190**
**Fuula Manaa: [https://journals.wgu.edu.et](https://journals.wgu.edu.et)**

Qorannoo Asilii

# Faayidaalee Sirba Gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa

Tasfaayee Bayyanaa[1*], Darajee Fufaa[2*], Magarsaa Dhinsaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa faayidaalee sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa qabu xiinxaluudha. Qorannoon kun qorannoo sanyabsaati. Qorannoo sanyabsaa keessaa immoo, sanyabsa sakatta'aa yoo ta'u, addaatti sanyabsa sakatta'aa akkamtaati. Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuuf, ragaaleen madda ragaa tokkoffaarraa funaanaman. Madda ragaa tokkoffaarraa malleen iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaatti dhimma ba'uun raga himtoonni ilmaan Guduruu, Giddaafi Gooree keessaa filataman. Meeshaalee funaansa ragaalee dhimmi itti ba'aman: daawwannaa, afgaaffiifi marii garee jedhamu. Ragaaleen meeshaalee kanneeniin funaanaman mala akkamtaan xiinxalaman. Kunniinis yaadiddama faayideessummaa deeggaramaniiti. Argannoowwan qorannoo kanaas: sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa, faayidaalee kabaja mana soddaa, aadaaleefi safuuwwan gaa'ela barsiisuu qaba. Kunis ergaawwan keessatti darban irraa madda. Akkasumas, jechoonni, gaaleewwaniifi akkaataan dhihaannaa sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa miira namootaa qirqirsuun bashannansiisuuf tajaajilu. Dabataan, sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa, hawaasummaa, dinagdeefi eenyummaa uummataa ijaaruun tiksee tursiisuuf fayyada. Kunis, raacitii hawaasummaa, dinagdeefi eenyummaa dhaloota keessatti dagaagsa. Dhaabbileen mootummaafi mit-mootummaa naannoo Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti argaman faayidaalee sirba gaa'elaarratti osoo leencii kennanii gaarii ta'uun yaada furmaataa qorannoo kanaati.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 19-09-2024
Revised: 01-10-2024
Accepted: 26-11-2024

***Jechoota Ijoo:*** *faayidaalee sirba gaa'elaa, Oromoo Jaawwii Maccaa, yaadiddama faayideessumma*

**Qorataa Muummee: Tasfaayee Bayyanaa*

*e-mail:* *tesfayebeyenetufa@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Sirbi gaa'elaa faayidaalee gammachiisuu, bashannansiisuu, qeequufi gorsuu qaba. Aadaa safuufi seenaa uummata tokko kuusee dhalootaaf dabarsuunis faayidaa sirba gaa'elaati. Akkasumas, sirbi gaa'elaa jaalala, jibbafi hawwii ittiin ibsachuuf humna qaba (Denisoff, 1972). Yaanni kun sirbi gaa'elaa kallattiiwwan garaagaraan dhimmoota uummata ibsuu akka danda'u agarsiisa. Kunis raawwii waltajjii gaa'elaarratti taasifamurraa argama.

Namni yeroo dhalatu hawaasummaa waliin hinqabu. Haa ta'u malee, erga dhalatee booda kallattii hedduun hawaasummaa tolfata. Karaalee hawaasummaan tolfamu keessaa gaa'elli tokko. Kunis karaa aadaafi safuu uummataa eeggateen taasifama. Dhaloonnis kanneen walirraa barachuun hawaasummaa guddifachaa deemu. Taateewwan sirna gaa'elaarratti raawwataman keessaa sirbi tokko waan ta'eef, humna hawaasummaa barsiisuu qaba (Kevane, 1994). Yaanni Kevane kun faayidaalee gaa'elaa keessaa hawaasummaa tumsuun tokko ta'uu agarsiisa. Kunis karaa aadaafi safuu hawaasaa eeggateen taasifama.

Sirboonni jiloota garaagaraarratti sirbaman doofaa dammaqsuuf, gowwaa gamnoomsuuf, laafaa jabeessuuf, lugna gootomsuufi wallaalaa barsiisuuf fayyadu (Bukenya, 1994). Sirbi gaa'elaas gosoota sirbaa keessaa tokko waan ta'eef, faayidaawwan eeraman kanneen qaba. Keesumaayyuu, haxxoomsuufi amala gadhee hawaasa keessatti mul'atu to'achuuf gumaacha mataasaa qaba.

Gaa'elli Oromoo namoota firooma dhiigaa walirraa hinqabneen ijaarama. Kanarraa ka'uun, Oromoon sanyiin wal qorachuun ijoolleesaa walfuusisuuf gaaffii gaa'elaa dhiheessu. Kanas jaarsoliin biyyaas gamaa gamanaa walitti ba'uun qoratanii warroomii warra soddaa mirkaneessuu. Kanaafuu, sababa gaa'elaa hawaasummaan hidda qabu ijaarama (Gemechufi Asefa, 2006). Yaanni Gammachuufi Assafaa kun faayidaalee gaa'elaa keessaa hawaasummaa barsiisuun tokko ta'uu agarsiisa. Sababiin isaa, warri soddaa jaarsolii biyyaa hirmaachisuun gaa'ela ijoolleef dhaabuun karaa hawaasummaan ijaaramuufi adeemsa gaa'elaa barsiisa. Adeemsa gaa'ela Oromoo keessaa immoo, sirbi gaaelaa tokko. Kanaafuu, irra jireessaan faayidaa sirni gaa'elaa qabu, sirbi gaa'alaas qaba.

Sirboonni gaa'ela Oromoo duudhaalee garaagaraa ibsuufi barsiisuu danda'u. Duudhaalee sirbi gaa'elaa barsiisuu keessaa tokko duudhaa jaalalati. Jaalalli bu'aa ayyaantummaa, nagahaa, guddinaafi gammachuu waan ta'eef, qaama keenya keessatti dagaagee jira. Uumama hundaaf

jaalala kennuu keenya keessatti gammachuu, nagahaa, badhaadhinaafi guddina argachuu keenyaarraa kan hafe miidhaan qaqqabu muraasa. Kanaafuu, warri jaalala qabu tokkummaa, walii galtee, gammachuufi fedhii keessa isaanii jira (Shambel, 2020). Barreeffamni kun faayidaalee sirba gaa'elaa keessaa duudhaa ijaaruun tokko ta'uu agarsiisa.

Gaa'ela Oromoorratti sirboota arrabsoo, mararroofi faaruu jedhamantu sirbama. Sirboonni kunniini walaloofi yeedaloo mataa isaaniin qindaa'uun meeshaalee muuziqaan deeggaramanii hurruubummaan dhihaatu. Ergaawwan siboonni kunniin dabarsanis dhimmoota uummataa kanneen hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa jedhaman ibsu. Bu'uuruma kanaan, dhaloonni hawaasummaa, dinagdeefi siyaasarraa baratu (Holcomb, 1973). Kanaafuu, sirboonni gaa'elaa Oromoo faayidaalee hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa ijaaruu qabu.

Shamarran Oromoo Jaawwii Maccaa weedduu sirba gaa'elaa kalaquun dhimmoota isaanii ittiin ibsatu. Kunis bifa walaloon qophaa'ee ragadaafi dhiichisaan dhihaata. Qooda fudhattoonni sirba kanas irra jireessaan shamarran yoo ta'an, dandeettiifi mala ittiin ibsatu. Akasumas, qooda shamarran hawaasa keessatti qaban sirba kanatti fayyadamuun ibsatu. Kana malees, shamarran Maccaa walaloo sirba gaa'elaatti dhimma ba'uun dhiibbaa gama koorniyaan hawaasa keessatti isaan irra ga'u ittiin dabarfatu (Dereje, 2019). Yaanni Darajjee kun weedduun sirba gaa'elaa hojii uumee shamarran Maccaa ta'uu agarsiisa. Kanas shamarran dhimmasaanii ittiin ibsachuuf fayyadamu.

Faayidaalee sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa qorachuun, beekumsa hawaasaa keessatti argaman baasuuf garaagara. Kunis coba beekumsaa dhalootaaf dabala. Gemechu and Asefa (2006) gosoota gaa'elaa Oromoonni Giddaa ittiin mana dhaabbatan qorataniiru. Haa ta'u malee, sirboota gaa'elaafi faayidaa isaanii hinqoranne. Kanaafuu, qorataan kun faayidaalee sirbi gaa'elaa hawaasaaf qabu qorachuun beekumsa keessatti darban dhalootaaf olkaa'uun kaka'umsa ta'eeraaf. Dabalataanis, Dereje (2019) gosoota sirboota gaa'elaa Oromoo shamarran Maccaan sirbaman qoqqoodee jira. Garuu, faayidaalee sirboonni gaa'elaa hawaasaaf qabanirratti hinxiiyyeeffanne. Qorataan kunis qaawwa gama kanaan mul'atu qorachuun cufee jira. Bu'uuruma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa faayidaalee sirboonni gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa qaban qorachuun beekumsa keessatti darban agarsiisuufi dhalootaaf ol ka'uudha.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifame. Sababiin isaas, ragaaleen funaanaman lakkoofsaan ibsamuufi safaramuu kan danda'an osoo hintaane, jechaan ibsamuuf mijatu. Gosoota qorannoo akkamtaa keessaas qorannoo sanyaabsaati. Addatti immoo sanyaabsa sakatta'aati.

Ragaaleen qorannnoo kanaas madda ragaa tokkoffaarraa kan funaanaman yoo ta'an, isaanis: maanguddoota Oromoo Jaawwii Maccaa keessaa argaa dhageettiifi sirba gaa'elaarratti hirmaatanirraati. Maanguddoonni kunniinis mala darbaa dabarsaan ilmaan Guduruu, Giddaafi Gooree keessaa filataman. Sababiin isaa, ragaaleen sirba gaa'elaa yeroo ammaa irra jireessaan kanneen sadan keessatti argamu. Ilmaan Guduruu keessaa iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'uun dubartoota sadii (3)fi dhiirota sadiitu (3) filatame. Ilmaan Giddaa keessaas dubartoota sadii (3)fi dhiirota sadiitu (3) qooda fudhate. Akkasumas, ilmaan Gooree keessaa dubartoota sadii (3)fi dhiironni sadii (3) ragaa kennuu keessatti hirmaataniiru. Walumaagalatti, dubartoonni sagalii (9)fi dhiironni sagal (9) namoonni kudha saddeet (18) ragaalee qorannoo kanaa kennuuf filatamanii jiru. Mala iddatteessuu darbaa dabarsaan sirbi cidhaa sadii daawwatamuun ragaaleen faayidaalee sirbi gaa'elaan walqabatan funaanameera.

Malleen ragaaleen qorannoo kanaa ittiin funaanamanis: daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoodha. Ragaaleen malleen kanneeniin funaanamanis jalqaba, barreeffamatti jijjiiramanii booda mala akkamtaa ibsaan xiinxalamanii jiru. Kunis, karaa hiika ganamaa hawaasichaa eeggateen taasifame. Ragaaleen haala kanaan qoodamanis mala akkamtaan hiikaman. Kunis, yaadiddama qorattoonni aadaa, ogumaafi xiinqooqaa fayyadamuun ragaalee xiinxalan keessaa tokko kan ta'e, yaadiddama faayideessummaa *(Functionalism theory)* hordofuun taasifame. Sababiin isaa, qorattoonni oguma hedduun ragaalee faayidaalee ogafaaniin walqabatan yaadiddama kana fayyadamu.

## 3. Xiinxalaafi Hiika Ragaalee

Kutaan kun bakka itti ragaaleen funaanaman dhihaachuun hiikamaniifi xiinxalamanidha. Kunis faayidaalee sirbi gaa'elaa hawaasaaf qabanirratti xiyyeeffata. Sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii faayidaalee garaagaraa qaba. Ragaaleen faayidaa sirba gaa'elaa waliin walqabatan itti aanuun dhihaachuun xiinxalamu.

### 3.1. Barsiisuuf

Hawaasni Oromoo karaa ittiin dhaloota barsiisu hedduu qabu. Manneen barnootaa fayyadamee haala idilee ta'een barsiisuu

cinaatti ogafaan isaas fayyadamee dhaloota barsiisa. Sirbi gaa'elaas ogafaan Oromoo keessaa tokko waan ta'eef, dhaloota barsiisuu keessatti gumaacha mataa isa qaba. Waxabajjii, 18/2021 marii garee ilmaan Gooree waliin ragaaleen humna barsiisuu sirba gaa'eelaarratti argachuuf taasifamee jira. Ragaalee marii gareen argaman keessaa ragaan dhihaate kun isa tokko.

*1. Yaa harree maaf akkas baattaa*
*Gufattee golba buutaa*
*Ya soddee maaf akkas nyaattaa*
*Hudhamtee kolfaan duunaa.*

Akka aadaa Oromoo Jaawwii Maccaatti, manni warra soddaa kabaja qaba. Kanaafuu, gurbaan fuufhuufi amaamonni safuu nyaataa eeggatanii nyaachuu qabu. Ragaa dhihaate kana bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti 'ya soddee maaf akkas nyaattaa, hudhamtee kolfaa duunaa' kanneen jedhaman, hiika gurbaa fuudhuun suuta nyaadhu jedhu qaba. Yoo suuta nyaachuun dhiisaan immoo, qaaniitu qe'ee warra soddaatti isaan mudata. Kunis shamarran akka namatti weeddisaniif daandii saaqa. Jamaan weedduu kana hordofus namni kamiyyuu mana warra soddaatti kabaja barbaachisu akka guutuu qaburraa baratu. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa humna raacitii safuu nyaata mana warra soddaa barsiisuu dhaloonni akka hundee aadaa keessatti guddata taasisa. Kun immoo, safuun mana soddaa jabeessee tursiisuuf garaagara.

Dargaggoonniifi shamarran Arsii sirna gaa'elaarratti sirbootaa adda addaa sirbuun eenyummmaasaanii ittiin ibsu. Namoonni hubannoo eenyummaa hinqabnes waltajjii sirba kanaarraa baratu. Kunis sirbi gaa'elaa hawaasa barsiisuuf gumaacha mataasaa akka qabu agarsiisa (Leila, 2009). Kanaafuu, sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa hawaasa barsiisuurratti shoora qabaachuu xiinxala ragaa kanarraa hubatamee jira.

Oromoo Jaawwii Maccaa keessattii amaamonni duudhaalee gaa'elaarratti beekumsa hinqabne, qajeeltoowwan gaa'elaa cabsuu barbaadu. Yeroo kana shamarran sirba gaa'elaa dhihaate kana fayyadamuun qajeeltoowwan gaa'elaa barsiisuun kabachiisu. Kunis, daawwannaa sirba gaa'elaa ilmaan Giddaaf Amajjii, 28/2021 taasifamerraa argame.

*2. Ya waalessuu waaroo gubbaa*
*Hin aleeltuu haadhoo durba*
*Soba achi haa siiqanii.*
*Ya waalessuu tarree*
*Hin aleeltuu qarree*
*Soba achi haa siiqanii.*

Ragaa dhihaate kana keessatti bo'oo tokkoffaarratti 'ya waalessuu waaroo gubbaa'

jechuun gosa mukaa naannoo qe'eetti marguufi kan shamarran gaafa balleessaa hojjetan maatiisaanii jala dhokataniidha. Bo'oo lammaffaarratti immoo, 'hin aleeltuu haadhoo durbaa' yaanni jedhu obboleessa intala heerumtuun amaamota nurraa rukkutii hiika jedhu qaba. Bo'oo sadaffaarratti 'soba achi haa siiqanii" kan jeddhu immoo, amaamoonni hanga seera balbal-qabaa guutanitti mana seenuuf xiqqoo obsuu akka qaban agarsiisa.

Sirbi balbal-qabaa qe'ee warra intala heerumtuurratti sirbame kun qajeeltoowwan gaa'elaa keessaa aadaa balbal-qabaa barsiisa. Kunis gurbaan fuudhu gatii balbalaa kaffalee mana warra soddaa akka seenuu qabudha. Dabalataanis, aadaan balbal-qabaa amaamotaan yoo cabuu barbaade, obboleessi intala heerumtuu kabachiisuuf gumaacha qabaachuu barsiisa. Sababiin isaa, dargaggeessi qe'ee abbaasaa keessatti yoo aadaan humnaan cabuu barbaade sirreessuuf dirqama qaba. Yoo kana ta'uu baate, amaamoonni aadaa gaa'elaa cabsuun akka fedhan burraaquu danda'u. Kun immoo, kabaja qe'ee warra soddaa gadi buusa. Bu'uuruma kanaan, dargaggoonni xichoominaan amaamota dhorkuun aadaa balbal-qabaa warra intala fuudhuuf dhufe barsiisuu qabu. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa dhihaate kun aadaa gaa'elaa keessaa tokko kan ta'e, aadaa balbala ittiin seenaan akka barsiise hubachuun danda'ameera.

Faayidaa sirba gaa'elaarratti ragaa argachuuf afgaaffiin maanguddoo ilmaan Guduruu Warqituu Tolaa jedhamtu waliin Eebila, 18/2021 taasifamee jira. Maanguddoon kunis sirba itti aanee dhihaate kana weeddisuun gaa'ela keessatti safuu durbummaa hawaasa barsiisuuf akka tajaajilu eertee jirti.

3. *Yoo fiddee dhuftee*
*Hayyoon siin jedhaa*
*Hayyoo ishee guddoo*
*Yoo dhiiftee dhuftee*
*Faalloon siin jedhaa*
*Faalloo ishee cabduu*
*Sittiin hammaraa.*

Sirbi kun yeroo amaamonni misirritti fuudhatanii balbala warra gurbaa fuudhuu ga'an shamarraniin sirbama. Bo'oowwan tokkoffaafi sadaffaarratti 'yoo fiddee dhuftee, yoo dhiiftee dhuftee' kanneen jedhaman, hiikawwan durbummaa qabaachuufi dhabuu jedhaman qabu. Bo'oo lammaffaarratti 'hayyoon siin jedhaa' kan jedhu immoo, durbummaa qabaachuun misirritti maqaa hayyoo jedhamtu argachiisuun akka kabachiisu hiika jedhu agarsiisa. Haa ta'uu malee, bo'oowwan arfaffaafi shanaffaarratti 'faalloon siin jedhaa, faalloo ishee cabduu' yaadonni jedhaman, hiika durbummaa

dhabuun intala heerumaaf dhufte arrabsiisu qaba.

Akka aadaa Oromootti, durbi qarree durbummaa dhabuun safuudha. Shamarran durbummaa malee gara heerumaa deemanis akka nama safuu cabseetti ilaalamu. Kanaafuu, uummanni Oromoo sirba gaa'elaa dhihaate kana fayyadamuun akka shamarran safuu isaanii eeggachuun heeruman barsiisu. Ergaan sirbaa kana keessatti darbes akka shamarran safuu isaanii eeggatan barsiisa. Kunis yaadolee lama waldorgomsiisuun taasifame. Isaanis yaada gaariifi yaraadha. Ragaa dhihaate keessatti bo'oowwan tokkoffaa hanga sadaffaatti "yoo fiddee dhuftee, hayyoon siin jedhaa, hayyoo ishee guddoo' kanneen jedhaman, ergaa durbummaa qabaachuun akka misirroo kabachisu barsiisu dabarsa. Sababiin isaa, misirrittiin durbummaadhaan heeruma dhufte, kabaja argachuun maqaa hayyoo jedhamu moggaafamaaf. Hayyoo jechuun immoo, kabajamtuu yookaan haadha dhiiraa hiika jedhu dabarsa. Kunis gaa'ela keessatti durbummaan heerumuun maqaa kabajaa nama gonfachiisa.

Inni biraa, ergaan ragaa sirba kana keessatti darbe waan badaarraa nama barsiisuun kan deebisu ta'uu mul'isa. Bo'oowwan arfaffaa hanga torbaffaatti ragaan dhihaate ergaa gaa'ela keessatti durbummaa dhabuun qaanii ta'uurra darbee misirritti arrabsiisuun maqaa yaraan akka waamisuu barsiisa. Sababiin isaa, faalloo jechuun maqaa hawaasa keessatti fokkisaa ta'een fakkooma. Keesumaayyuu, faalloon cabaa waan faayidaa hinqabnee bakka bu'u. Kanarraa ka'uun, shammarran Oromoo Jaawwii Maccaa durba durbummaa hinqabnee, faalloo cabaatti fakkeessuun arrabsu. Shamarran sirba kanarratti hirmaatanis weedduu kanarraa barachuun safuu durbummaa eeggachuun gara gaa'ela dhaabbachuutti deemu.

Dubartoonni Oromoo walaloo sirbaa fayyadamuun seenaa, aadaafi safuu hawaasaasaanii waliif dabarsuun walbarsiisu (Megarsa, 2017). Kanaafuu, ergaan sirbi gaa'elaa kana keessatti darbe safuu durbummaa eeggachuu gaa'ala ijaarachuun shamarran kabachiisu akka danda'u barsiisuun hubatamee jira. Faallaa kanaan immoo, durbummmaa malee gara heeruma deemuun, intala heeruma dhufte salphisuun akka arrabsiisu ragaan dhihaate kun agarsiisuu danda'eera.

### 3.2. Bashannansiisuuf

Sirbi gaa'elaa akkuma faayidaa barsiisuu qabu, bashannansiisuu keessattis gumaacha mataasaa qaba. Kunis ergaa sirbicha keesaatti darburraa argama. Sababii isaa, jechoonni sirba sana keessatti fayyadaman humna namoota

qirqirsuun kofalchiisuu qabu. Kanaafuu, namoonni gaa'elarratti hirmaatan humna jechoota sirba keessatti darban ajaa'ibsiifachuun ittiin bashannanu. Ragaan dhihaate kunis daawwannaa waltajjii gaa'elaa Bitootessa, 7/2021 ilmaan Gooreetti taasifamerraa argame.

*4. Ya bofa siiksaa daggalaa hoo*
*Ya intaloo fiigduu gandarraa hoo*
*Alangaan diinqaa rarra'a hoo*
*Obboon koo diidaa maggalaa hoo*
*Si qabe yaaddoon galgalaa hoo.*

Jechoonni sirba kana keessatti mul'atan humna miira namootaa tuquun humna bashannansiisuu qabu. Bo'oowwan tokkoffaafi lammataarratti 'ya bofa siiksaa daggalaa hoo, ya intaloo fiigduu gandarraa hoo' jedhaman, hiika nama bashannansiisan dabarsu. Bofa siiksaa daggalaa jechuun hawaasa keessatti mar'ataa yookaan bofa waa barbaaduuf aduu keessa jooru hiika jedhu qaba. Ya intaloo fiigduu gandarraa kan jedhu deddeemtu foollattuu jechuudha. Bo'oo arfaffaarratti 'obboon koo diidaa maggalaa hoo' kan jedhu, hiika boonuu jedhu qaba. Sababiin isaa, obboon koo diidaa maggalaa kan jedhu gurbaan fuudhu galgala durbummaa intalarraa waan fudhatuuf, afuura boonuu akka qabu agarsiisa. Kunis humna miira namootaa tuquun waan qabuuf, bashannansiisaadha. Bo'oo shanaffaarratti 'si qabe yaaddoon galgalaa hoo' kana jedhu, miisirrittii dhiphuu durbummaan baduu qabaachuu agarsiisa.

Gaa'ela Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti, dhimmi durbummaa dhimma ijoodha. Kanaafuu, miira xiyyeeffannoon hordofama. Bu'uuruma kanaan, jechoonni shamarran sirba kana fayyadamuun dhiheessan miira qooda fudhattoota sirba gaa'elaa qirqirsuun bashannansiisa. Qooda fudhattoonni sirna gaa'elaas ittiin bashannanuun humna jechoota keessatti ijaaramaniifi akkaataa ittiin dhihaatan ajaa'ibsifachuun bashannanu. Kun immoo, sirbi gaa'elaa faayidaa bashannansiisuu qabaachuu agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, faayidaa sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaarratti ragaa argachuuf, daawwannaan waltajjii gaa'elaa ilmaan Giddaaf Amajjii, 21/2021 taasifamee jira. Ragaan itti aanee dhihaate kunis daawwannaa guyyaa kanaarraa argame.

*5. Qarqara tuufoo bajjii saxaxuu*
*Qancara suubboo dhuufuu hinhafatuu*
*Muka abbaan yaabu ilmi hintankaaruu*
*Budaa abbaan beeku ilmi hinwallaaluu,*
*Ya soddee doofaa boojjitoo soofa.*

Ragaan sirbaa dhihaate kun qe'ee warra intala heerumtutti sirbame. Jechoonniifi ergaawwan sirbicha keessatti darban humna nama bashannansiisuu qabu. Bo'oo lammaffaarratti

‘qancara suubboo dhuufuu hinhafatuu’ kan jedhuu, namni umurii dheeraa dhuufuu qabachuu hindanda’u hiika jedhu qaba. Bo’oowwan sadaffaafi arfaffaarratti ‘muka abbaan yaabuu ilmi hintankaruu, budaa abbaan beekuu ilmi hinwallaaluu’ yaadonni jedhaman, ilmi karaa abbaan deemu deemaa yaa-rimee jedhu ibsa. Bo’oo shanaffaarratti immoo, ‘ya soddee doofaa boojjitoo soofaa’ jechuun namni raata’aan meeshaa mana keessaa boojitoo marqaa jedhamu soofaa hiika jedhu agarsiisa. Kanaafuu, jechoonni tuufoo, dhuufuu, hintankaruu, budaafi boojjitoo jedhaman miira nama tuquun bashannansiisu.

Akka aadaa Oromoo Jaawwii Maccaatti, yeroo baay’ee abbaafi ilmi hariiroo waliin qabu. Ragaan dhihaate kunis dhimmoota hawaasaa keessaa walfakkeenya abbaafi ilmaa ibsa. Dhimmi abbaafi ilmaa immoo, mana uummata Oromoo hunda keessatti argama. Ergaan sirba kana keessatti darbes miira uummataa tuquun bashannansiisa. Kanaafuu, jamaa sirba kanarratti hirmaatan ergaa sirbicha keessatti darbe dhaggeeffachuun ittiin bashannanu. Kunis faayidaa sirba gaa’elaa keessaa bashannansiisuun tokko ta’uu agarsiisa.

### 3.3. Hawaasummaa Ijaaruuf

Akka aadaa Oromootti, sirni gaa’elaa qofaa hojjechuun ulfaataadha. Sababiin isaa, hojiiwwan gaa’elaaf hojjetaman ulfatoofi bal’aadha. Hojiiwwan gaa’ela waliin walqabatan kanneen akka durba dubbachuu, daasoo ijaaruu, ittoofi buddeena tolchuu, horii qaluufi sirba gaa’elaa jedhaman gamtaan hojjetamu. Bu’uurama kanaan, uummanni naannoo walitti yaa’uun abbaa cidha sanaa hojii gargaru. Kunis karaalee hawaasummaan ijaaramu keessaa gaa’elli tokko ta’uu agarsiisa. Suuraan dhihaate kun tokkummaa hawaasni gaa’elarratti qabu agarsiisa.



Suuraa 1: daawwannaa faayidaa sirba gaa’elaarratti Waxabajjii, 20/2021 ilmaan Gooreetiif taasifame.

Suuraa kanarratti akkuma mul’atu, dubartoonni naannoo walitti yaa’uun qullubbii kukkutu. Sababiin isaa, qullubbiin ittoo gaa’elaa nama tokkoon hojjetamee hin qaqqabu. Kanaafuu, dubartoonni naannoo walitti yaa’uun warra cidha qaban daboodhaan gargaaru. Kun immoo, gaa’elli hawaasummaa

ijaaruun, hariiroo hawaasaa walitti hidhuuf humna akka qabu agarsiisa.

Sirba gaa'elaa gareen malee qofaa hin sirbamu. Sababiin isaa, sirbi kun gareen ta'ee, tokko yoo weeddisu kanneen hafan jalaa qabuun raawwatama. Kanaafuu, qaamoleen hawaasa garaagaraa naannoo keessaa walitti babba'uun gareedhaan hirmaatu. Adeemsa kana keessatti hariiroon hirmaattota cima deema. Kun immoo, hawaasummaa gaarii keessatti guddachuu agarsiisa. Ragaan dhihaate kun daawwannaa sirba gaa'elaa ilmaan Gooreef Waxabajjii, 22/2021 taasifamerraa argame.

*6. Aaddeen koo Boontuun*
*Asheeta hin yaattuu*
*Mataa midhaanii*
*Dhaantee hin gorsiinii*
*Taa'ii gorfadhuu*
*Gorfachuu baattee*
*Daakii tolfadhuu.*

Ragaa dhihaate kana keessatti bo'oowwan lammaffaafi sadaffaarratti 'asheeta hin nyaattuu, mataa midhaanii' kanneen jedhaman, akka aadaa Oromootti asheeta mataa midhaanii nyaachuun safuu ta'uu hiika jedhu qaba. Bo'oowwan arfaffaafi shanaffaarratti 'dhaantee hin gorsiinii, taa'ii gorfadhuu' jechuun hawaasummaa Oromoo keessatti misirroo reebanii gorsuurra taa'anii gorsuutu filtama hiika jedhu qaba. Bo'oowwan jahaffaafi torbaffaarratti 'gorfachuu baattee, daakii tolfadhuu' yaadonni jedhaman, intala heerumaaf dhufte gorsachuun kunuunsanii jiraachisuun yoo dhadhabame, abbaan mana ofii daakee waan nyaatan akka qopheeffatu ergaa jedhu dabarsa.

Sirna gaa'ela Oromoo Jaawwii Maccaa biraatti, misirroo fuudhaan reebuun dura gorsutu filatama. Sababiin isaa, misirrittiin qe'ee itti heerumte sanaaf haaraa waan taateef, wantoonni hedduun haaraa itti ta'a. Kanaafuu, gurbaan fuudhe sun karaa tasgabba'aa ta'een gorsuun qe'ee sanatti madaqsuu qaba. Kun immoo, hariiroo hawaasummaa ijaaruun misirritti qe'ee sanatti madaqsuu jedhama. Ragaan sirba kunis ergaawwan hawaasummaa ijaaraan lama of keessaa qaba. Inni jalqabaa, ergaa hawaasummaa keessatti beekumsa intalli qabdu ibsa. Sirba kana keessatti bo'oowwan tokkoffaa hanga sadaffaatti ergaan darbe cimina intalli sun hawaasa keessatti qabdu agarsiisa. Kunis gama safuu hawaasaarratti xiyyeeffata. Bo'oowwan lammaffaafi sadaffaarratti 'asheeta hin nyaattuu, mataa midhaanii' ragaan jedhu, ergaa intalli sun hawaasummaa gaarii keessatti guddachuu dabarsa. Akka aadaa Oromoo Jaawwiitti, mataa midhaanii sanyii ta'a malee hinnyaatamu. Dubartiin sanyii midhaanii nyaatte akka nama qaccee namaa balleesiteetti

ilaalamti. Kanaafuu, sanyii midhaaniif xiyyeeffannoo guddaatu kennama. Ergaan sirba kana keessatti darbes intalli kun safuu hawaasaa eegdee waan guddatteef, hawaasummaa keessatti cimina qabaachuu ibsa.

Inni lammaffaa, hawaasummaa Oromoo keessatti intala heerumte tokkoof gorsi barbaachisaa akka ta'e ergaa jedhu dabarsa. Wal gorsuun dura hariiroo gidduu namootaatti uumamuu qaba. . Kanaafuu, hawaasummaa ijaara jechuudha. Ragicha keessatti bo'oowwan arfaffaa hanga torbaffaatti kanneen dhihaatan, hawaasummaa keessatti mala ittiin misirroo gorsan ibsa. Kunis misirroo tokko reebuun osoo hintaane, ofitti qabanii gorsuun hawaasummaa ishee cimsuun barbaachisaa ta'uudha. Kanaafuu, ergaan sirba kana keessatti darbee mala ittiin hawaasummaan ijaaramu ibsu ta'uu hubatamee jira.

Faayidaa sirbi gaa'elaa hawaasummaa tolchuuf qabuurratti ragaalee argachuuf, daawwannaan sirba gaa'elaa ilmaan Giddaaf Amajjii, 5/2021 taasifamee jira. Daawwannaan kanarraas ragaan dhihaate kun argameera.

*7. Ishoo lolee leeboon hiddarrattii*
*Sirbaa hiriyyee yeroon hindabartii*
*Ishoololee leeboon toraa toraa*
*Sirbaa hiriyyee yeroon yoona yoonaa.*

Shamarran Jaawwii Maccaa gaa'elaan dura hawaasummaa mataa qabu. Kunis dhaabbata Addooyyee (Addoyye institution) jedhama. Bakka dhaabbanni kun ittti hunda'ee keessaa bakki sirba gaa'elaa tokko. Sirba kanaarratti addooyyeewwan wal faarsu; wal gorsu akkasumas, wal ceepha'u. Kanaafuu, dhaabbata kana keessatti dhimmoota hawaasummaa isaanii mari'atu. Ergaan sirba kana keessatti darbes hawaasummaa shamarranii ilaallata. Kunis bo'oowwan tokkoffaafi arfaffaarratti 'sirbaa hiriyyee yeroon hindabartii, sirbaa hiriyyee yeroo yoona yoonaa' kanneen jedhaman, ergaa hawaasummaa shamarran gama jaalalaan qarrummaa jiru dabarsa. Sababiin isaa, sirbaa hiriyyee yeroon hin dabartiifi yeroo yoona yoonaa kanneen jedhaman, addooyyeewwan yeroo waliin jiran akka hawaasummaa gaarii waliin jiraachuu qaban hiika jedhu qaba. Kunis jireenya hawaasummaa shamarranii keessatti akkuma yeroo qarree isaanii waliin jiraataan turan, yeroo gaa'ela dhaabbatan addaan faca'u. Kanaafuu, sirba kana fayyadamuun hawaasummaa yeroo qarree isaanii hawaasa keessatti dabarsan ibsutu. Shamarran sirba kanarratti hirmaatan keesuma kanneen gara umurii qarrummaatti seenaa jiran sirba kana dhaggeeffachuu hawaasummaa isaanii cimsataa deemu. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa hawaasummaa keessaa tokko kan ta'e,

hawaasummaa shamarranii ijaaruurratti gumaacha mataa isaa qaba jechuudha.

Shamarran Oromoo yeroo qarrummaa isaanii dhaabbata hawaasummaa Addooyyee jedhamu qabu. Kunis bakkeewwan sirba garaagaraa; migira ciruu; hodhaa hodhuu; qoraan cabsuu; jirbii fa'uufi mana barumsaatti hundeeffama. Dhaabbanni Addooyyee kun tokkummaa shamarranii cimsuun akka isaan hawaasummaa adda addaarratti waliif birmatan taasisa (Megersa, Terefe and Waktole, 2019). Kanaafuu, xiinxala ragaa kanarraa, sirbi gaa'elaa hawaasummaa ijaaruuf akka tajaajilu hubachuun danda'ameera.

### 3.4. Dinagdee Ijaaruuf

Karaalee dinagdeeen ijaaraman keessaa gaa'elli tokko. Bu'uuruma kanaan shamarran Oromoo Jaawwii Maccaa sirba gaa'elaa fayyadamuun dhimmoota dinagdeen walqabatan ibsu. Guraandhala, 7/2021 daawwannaa sirba gaa'elaa ilmaan Giddaaf taasimeerraa, ragaan dhihaate kun argame jira.

8. *Baala offaa timboo*
   *Bara shanoo si kadhannee*
   *Kuma shanii si qaraxnee*
   *Maali dhoksaan*
   *Meerre gonfaan immoo.*

Ragaa dhihaate kun qe'ee warra intalaatti sirbame. Ergaan keessatti darbe kennaa intalli fiddee dhufte gaafachuurratti xiyyeeffata. Bo'oo lammaffaarratti 'bara shanoo si kadhannee' kan jedhu, misirritti waggaa shan kadhachuun gabbaranii fuudhuu hiika jedhu qaba. Bo'oo sadaffaarratti 'kuma shanii si qaraxnee' kan jedhu immoo, gabbarri intalli ittiin fuudhamte kuma shan ta'uu agarsiisa. Bo'oowwan arfaffaafi shanaffaarratti 'maali dhoksaan, meerre gomfaa immoo' kanneen jedhamanis qabeenyaa gonfaa jedhamu hangam fiddee hiika jedhu akeeka.

Akka aadaa Oromoo Jaawwii Maccaatti, intala yeroo dheeraa kadhatanii gabbaruun fuudhu. Intala bifa kanaan fuudharraa gonfaatu eegama. Kanaafuu, intalli yeroo dheeraa kadhatamuun gabbaramtee fuudhamtu kennaa gonfaa jedhamu fudhattee heeruma deemti. Kunis irra jireessaan meeshaalee mana keessaafi loonidha. Meeshaaleen mana keessaafi loon immoo, dinagdee misirroota mana dhaabbatanii cimsuuf gargaara. Kanaafuu, ergaan sirbi dhihaate kana keessatti darbe gonfaa intalli fuudhatee heerumaaf dhufte gaafachuurratti xiyyeeffata. Ragaa dhihaate kana bo'oowwan arfaffaafi shanaffaarratti 'maali dhoksaan, meerre gonfaan immoo' kanneen jedhaman, kallattiin ergaa kennaa intalli fudhattee heeruma dhufte gaafachuu dabarsa. Kunis yeroo dheeraa waan kadhatanii fuudhaniif, dhoksa tokko malee gonfaa fiddee dhufte agarsiisi jechuudha. Itti gaafataman amaamota gonfaa intalaaaf

kanname sana hunda amanamummaan fidee warra gurbaa fuudhutti kenna. Jamaan sirna gaa'ela kanarratti affeeramanirra barachuun intala heerumtuuf gonfaa kennuun dinagdee ijoollee wal fuudhanii utubu.

Jaarmiyaalee hawaasaa keessaa tokkoofi bu'uuraa kan ta'e sirna fuudhaafi heerumaa guutuu taasisuu keessatti qoodni qabeenyaafi loon qaban ijoodha. Adeemsi raawwii sirna fuudhaafi heerumaa karaa adda addaafi yeroo garaagaraatti duudhaa ofii eegee kan raawwatu ta'us jilaa cidhaa hunda keessatti dinagdeefi loon gahee olaanaafi kan bakka bu'uu hindandeenye qabu (Jiraa, Bulloofi Tarrafee, 2024). Haaluma kanaan, ergaawwan sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti darban, dinagdee ijaaruun namoonni gaa'ela dhaabbatan jireenyaa gaarii akka jiraataniif gumaacha mataa isaa qabaachuu hubatamee jira.

Ragaaleen marii gareen ilmaan Guduruurraa Caamsaa, 21/2021 argame akka ibsutti, sirbi gaa'elaa dinagdee ijaaruu keessatti shoora mataasaa qabaachuu mul'isa. Ragaaleen dhimma kanaarratti argaman keessaa ragaan dhihaate kun isa tokko.

*9. Ya muka gamaa ilikee hoo*
*Maaf boossa soddee iyyiitee hoo*
*Biyya kee buusaan hinjiru hoo*
*Buusee si hingalchuu firri kee hoo.*

Sirbi kun sirba ol-darbaa jedhama. Kunis qe'ee warra intala heerumtuutti sirbama. Ergaan sirba kana keessatti darbe, dhimmoota hawaasaa keessaa dinagdeen gurbaa fuudhuu maal akka fakkaatu agarsiisa. Bo'oowwan lammaffaa hanga arfafaarratti ragaan dhihaate, hiikawwan namni qarshii hinqabne qe'ee warra soddaatti muddamuu akka danda'uufi tooftaa ittiin muddama sana keessaa ba'an qabu. Bo'oo lammaffaarratti 'maaf boossa soddee iyyiitee hoo' kan jedhu, soddaa maaliif bo'aa hiika jedhu qaba. Bo'oo sadaffaarratti immoo, biyya kee buusaan hinjiruu hoo' jechuun aadaan wal gargaarsa hinqabdanii jechuudha. Bo'oo arfaffaarratti 'buusee si hingalchuu firri kee hoo' kan jedhu immoo, firoonni gurbaa fuudhuu qarshii buusuun akka seera ol-darbaa guutaniif eeruu kenna.

Sirna gaa'ela Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti, seerri ol-darbaa qarshiin guutamu jira. Kanas shamarran sirba fayyadamuun gaafatu. Sirba dhihaate kanas shamarran ol-darbaarratti intala heerumtuuf gatii argaa misirricharraa fuudhuuf fayyadaman. Kun immoo, sirbi gaa'elaa dinagdee ibsuun ijaaruu keessatti humna qabaachuu agarsiisa. Kanaafuu, ergaan ragaa dhihaate kana keessatti mul'atu dinagdee gurbaa fuudhuu ibsuun ijaaruu akka danda'u hubatamee jira.

### 3.5.Eenyummaa Ijaaruuf

Eenyummaa yaad-rimee bal'aa hammata. Kanneen keessaa ragaaleen kutaa kana keessatti dhihaatan eenyummaa maatiin sirba gaa'ela keessatti mul'atanii walqabata. Maatiin kamiyyuu, eenyummaa mataa isaa qaba. Kunis akkaataa galumsa jireenya hawaasa keessatti qabaniin ilaalama. Kanaafuu, eenyummaan maatii haalaafi amala isaan yeroo keessatti akkaataa walitti fufinsa qabanii agarsiifama. Maatiin tokko maatii biroo irraa eenyummaa amalaafi sansakkaa mataa isaanii qabu. Uummanni Oromoos gaa'ela dhaabbachuuf eenyummaan maatii warra soddaa gama gamanaan qorachuun, yoo eenyummaan isaanii wal sime ijoollee isaanii waliif kennu. Adeemsa kana keessatti eenyummaan namoota dhuunfaafi gareetu mul'ata. Sababiin isaa, akkuma maatiin lama wal qorachuun ijoollee waliif kennaan, ijoolleenis karaa isaanii wal qorachuun gaa'elaa dhaabbachuuf tattaafatu. Kun immoo, gaa'ela keessatti eenyummaan dhuunfaafi garee akka argamu agarsiisa. Kanaafuu, sirbooni gaa'elaa eenyummaa gareefi dhuunfaa ijaaruuf fayyadu.

#### 3.5.1. Eenyummaa Garee

Eenyummaa garee jechuun wantoota hawaasni garee tokko keessa jiraatan ittiin walfakkaatan jechuudha. Kunis, gaa'ela keessatti xiyyeeffannoo jabaa qaba. Oromoon Jaawwii yeroo gaa'elaaf wal filatan: intala warra eenyuuti yookaan gurbaa warra eenyuuti jechuun wal qoratanii ijoollee walitti heerumsiisu. Kunis gaa'ela keessatti eenyummaa garee jiraachuu agarsiisa. Shamarran Oromoo Jaawwii Maccaas yaad-rimee eenyummaa garee kana sirba gaa'elaatti fayyadamuun agarsiisu.

Faayidaa sirbi gaa'elaa eenyummaa garee ijraaruu keessatti qaburratti afgaaffii, maanguddoo ilmaan Giddaa Buzee Guddataa jedhamtuuf Guraadhala, 30/2021 taasifamee jira. Bu'aan afgaaffii kanarraa argame akka ibsutti, faayidaa sirbi gaa'elaa hawaasaaf qabu keessaa eenyummaa garee ijaaruun isa tokko akka ta'e ibsitee jirti. Dabalataanis, ragaa sirba gaa'elaa dhihaate kana kennuun mirkaneessitee jirti.

*10. Muktoo muka hincaaluu*
*Muka Hoomii malee*
*Durboo durba hincaaltuu*
*Durba Hoomaa malee.*

Ragaan kun sirboota gaa'elaa keessaa faaruu jedhama. Kunis qe'ee warra soddaa lamaanitti sirbama. Hiikni keessatti mul'atus gosa Hoomaa jedhamu faarsuun eenyummaa isaanii ibsa. Bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti 'durboo durba hincaaltuu, durba Hoomaa malee' kanneen jedhaman, hiika shamarran ilmaan Giddaa keessaa gosaan Hoomaa ta'an kanneen biroo caalaa eenyummaa gaarii

qabaachuu jedhu qaba. Sababiin isaa, durboo durba hincaaltuu durba Hoomaa malee yaanni jedhu caalmaa durba Hoomaa agarsiisa.

Oromoon Jaawwii Maccaa intala gaa'ela ilma isaaniif taatu firaan barbaadu. Adeemsa kana keessatti maatiin intala gosa eenyuuti jechuun iyyaafatanii gurbaa isaaniif kaadhimaa barbaadu. Kun immoo, gareewwan hawaasa gidduutti eenyummaan garaagaraa akka jiru agarsiisa. Kanaafuu, intalli gaa'elaaf taatu garee maatii eenyummaa gaarii qaban keessaa filatamti. Shamarran Giddaas beekumsa kana hawaasaa keessaa waan qabaniif, sirba gaa'elaa kana fayyadamuun durbi gosaan Hoomaa jedhaman eenyummaa gaarii qabaachuu ibsu. Kanaafuu, ragaan sirbaa dhihaate kun ergaa eenyummaa garee durba Hoomaa jedhamanii ibsee jira.

Oromoonni Jaawwii Maccaa lafa isaanii qotachuun midhaan garaagaraa oomishuun joollee isaanii guddifatu. Kanaafuu, eenyummaa uummanni Oromoo Jaawwii ittiin beekaman keessaa tokko qonnaadha. Dhimma kanarratti ragaa argachuuf, Caamsaa, 20/2021 sirba gaa'ela ilmaan Guduruu daawwatamee jira. Ragaan dhihaate kun daawwannaa guyyaa kanaarraa argame.

*11. Ilaa shunburaa koo*
*Shunburaa kosii koo*
*Qonnaa hinboollof*
*Ilaa gurguddaa koo*
*Gurguddaa lammii koo*
*Kan qotee hinduullomnee*

Sirbi dhihaate kun eenyummaa gareen ilmaan Guduruu jedhaman gama qonnaan qaban agarsiisee jira. Kunis bo'oowwan arfaffaafi jahaffaarratti 'ilaa gurguddaa koo, gurguddaa lammii koo, kan qotee hin duullomnee' kanneen jedhaman, ilmaan Guduruun jaarsolii umuriin gurguddoofi hojii qonnaatiin beekamoo ta'anii badhaatu ta'uu hiikawwan jedhaman qaba. Kanaafuu, naannoon Guduruu eenyummaa isaan ittiin beekaman keessaa maanguddoota qabaachuu isa tokko. Kunis sirbi gaa'elaa eenyummaa garee ijaaruu keessatti gumaacha qabaachuu agarsiisa.

Ergaan sirba kana keessatti darbe eenyummaa qonnaa bultoota Guduruu ibsudha. Kunis eenyummaa garee qonnaan bultoonni sun cimina qonnaarratti qaban agarsiisa. Bo'oowwan shanaffaafi jahaffaarratti 'ilaa gurguddaa lammii koo, kan qotee hindulloomnee' dhimmoonni jedhaman, maanguddoonni Guduruu qonnaa qotuun beekamoo ta'uu hiika jedhu qabu. Kanaafuu, maanguddoonni kunniin eenyummaa garee qotuun duulomuu hindandeenye waliin qabaachuun beekamu. Shamarranis sirba gaa'elaa fayyadamuun eenyummaa garee maanguddoonni isaanii waliin qaban sana faarsu. Kun immoo, eenyummaa isaanii

ibsuufi ijaaruu jedhama. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa eenyummaa garee hawaasa tokkoo ijaaruuf keessatti humna cimaa akka qabu hubachuun danda'ameera.

### 3.5.2. Eenyummaa Dhuunfaa

Namoonni dhuunfaa akkuma warra garee eenyummaa mataa isaanii qabu. Kanaafuu, eenyummaan dhuunfaa akaakuuwwan eenyummaa keessaa tokko ta'e, sansakkaa namoonni dhuunfaa qaban ibsuurratti xiyyeeffata. Kanas shamarran Jaawwii sirba gaa'elaa fayyadamuun ibsu. Kanaafuu, faayidaa sirba gaa'elaa keessaa eenyummaa dhuunfaa ijaaruun isa tokko Dhimma kanarratti ragaa argachuuf, sirna gaa'elaa ilmaan Giddaa keessatti gaafa Guraadhala, 14/2021 raawwatamerratti daawwannaan taasifamee jira. Ragaan dhihaate kunis daawwannaa guyyaa kanaarraa argame.

*12. Kaleessi ayyaanaa*
*Iftaan gabaadhaa*
*Bareenni eessaa*
*Ilkaan fal'aanaa*
*Miilli qoorbiidhaa.*

Sirbi kun qe'ee warra intalaatti, gurbaa fuudhaaf dhufe ittiin arrabsuuf sirbame. Ergaan keessatti darbes eenyummaa dhuunfaa mul'isa. Ragaa dhihaate kana keessatti bo'oowwan arfaffaafi shanaffaarratti "ilkaan fal'aanaa, miilli qqorbiidhaa' kanneen jedhaman, hiika eenyummaa gurbaa fuudhuu gama miidhagina ilkaaniin qabu. Haala kana keessatti ilkaan fal'aanaa jechuun ilkaan misirrichaa fokkisaadhaa jechuudha. Miilli cabaadhaa jechuunis miilli kee kabeelaa waan ta'eef, miidhagina hinqabuu jechuu agarsiisa. Kanneen immoo, sansakkaa dhuunfaa jedhamu.

Bu'uuruma kanaan, sirbi gaa'elaa akkuma eenyummaa garee ijaaruuf fayyadu, eenyummaa dhuunfaa ijaaruu keessatti gumaacha mataa isaa qaba. Sababiin isaa, ragaa sirba dhihaate kana keessatti darbe gurbaan fuudhu gama eenyummaa sansakkaan yoo ilaalame, ilkaan isaa fal'aana waan fakkaatuuf fokkisaadha ergaa jedhu mul'isa. Akkasumas, ragaa kanaa keessatti miilli gurbaa fuudhaaf dhufe qoorbii fakkaachuun eerramee jira. Kun immoo, miilli miidhagina dhabuu akeeka. Kanaafuu, eenyuammaa miidhagina miilaan misirrichi fakkisaa ta'uu shamarran sirba kana fayyadamuun agarsiisanii jiru. Bu'uuruma kanaan, ragaan dhihaate kun sirbi gaa'elaa eenyummaa dhuunfaa gama sansakkaan ijaaruu akka danda'e hubachuun danda'ameera.

Dabalataanis, faayidaa sirbi gaa'elaa eenyummaa dhuunfaa ijaaruurratti qabuun wal qabatee daawwannaa Bitootessa, 13/2021 sirba gaa'elaarratti ilmaan Gooreef taasifamee jira.

Daawwannaa guyyaa kanaarraa ragaan dhihaate kun argameera.

*13. Nan duula jettaa*
*Akkamiin duultaa*
*Lapheen isaa hinjiruu*
*Nan fuudha jettaa*
*Attamiin fuutaa*
*Haraqee jiruu*
*Malakkee jiruu*
*Raatoftuu dhiiraa.*

Ragaan dhihaate kun qe'ee warra intala heerumtuutti sirbama. Kunis eenyummaa gurbaa fuudhuu ibsa. Bo'oowwan tokkoffaa hanga sadaffaatti ragaan dhihaate, hiika misirrichi dabeessa ta'uu agarsiisu qaba. Dabalataan, bo'oowwan arfaffaa hanga saddeettaffaarratti yaanni dhihaate, hiika eenyummaa dhuunfaa soddaan ittiin beekamu keessaa dhugduu haraqee ta'uu qaba. Bu'uuruma kanaan, ergaawwan ragaa sirbaa kana keessatti darban eenyummaa dhuunfaa gurbaa fuudhuu karaa lamaan ibsu qaba.

Inni jalqabaa, eenyummaa dhuunfaa gama dabumaan yookiin lungummaan jirudha. Kunis bo'oowwan tokkoffaa hanga sadaffaatti yaadonni 'nan duulaa jettaa, akkamiin duultaa, lapheen isaa hin jiruu' yaanni jedhu, ergaa eenyummaan dhuunfaa gurbaa fuudhuu dabeessa ta'uu agarsiisu dabarsa. Sababiin isaa, dabeessi duula hun deemu. Yoo deemes dabeessa waan ta'eef, dhukaassee ajjeessuu hindanda'u. Kanaafuu, shamarran Gooree sirba gaa'elaa dhihaate kana fayyadamuun eenyummaan dhuunfaa dhuunfaa gurbaa fuudhuu dabeessa ta'uu ibsuu danda'aniiru.

Ergaan sirba kana keessatti darbe inni lammataa, eenyummaa dhuunfaa gurbaan fuudhu ittiin hawaasa keessatti beekamu keessaa dhunduu haraqee ta'uudha. Sababiin isaa, namni haraqee dhuguu amaleeffachuun ittiin liqinfame durba naqatee fuufhuurratti harkifataadha. Amaleeffannaa dhugaatii haraqee raata'ummaa fiduun, gaa'ela ijaaruu dargaggootaa gufachiisa. Kanaafuu, eenyummaa dhuunfaa sirbi kun mul'ise kana gurbaa fuudhuu yoo ta'u, kuins gama eenyummaan dhugduu haraqee ta'uudha. Kanaafuu, ergaan sirba gaa'ela keessatti eenyummaa dhuunfaa dargaggeessaa ibsuun, akka dargaggeessi eenyummaa isaa eeggatee hawaasa keessa jiraatu taasisa. Kuins mikaa'ina gaa'ela keessatti gumaacha mataa isaa qaba. Bu'uuruma kanaan, sirbi gaa'elaa eenyummaa dhuunfaa ijaaruurratti shoora qabaachuun xiinxalli ragaa kun agarsiisee jira.

Dabalataan, faayidaa sirbi gaa'elaa eenyummaa dhuunfaa ijaaruu danda'urratti mariin garee maanguddoota ilmaan Giddaa waliin Amajjii, 8/2021 taasimee jira. Bu'aan marii garee kanarraa argame akka agarsiisutti, sirbi gaa'elaa eenyummaa dhuunfaa ibsuufi

ijaaruu danda'a. Maanguddoonni kunniinis ragaa sirbaa dhihaate kana kennuun akkaataa sirbi gaa'eela eenyummaa dhuunfaa ijaaru dhugoomsanii jiru.

*14. Daagujjaa dheeraa*
*Eegee fardeenii*
*Haadha kee beekaa*
*Shaarmuxaa beeraa*
*Mellee nadheenii.*

Sirbi kun qe'ee warra gurbaa fuudhutti sirbame. Kunis hiika eenyummaa haadha misirritti ibsu qaba. Ragaa dhihaate kana keessatti bo'oowwan sadaffaa hanga shanaffaatti yaanni dhihaate, eenyummaan haadha intala heerumtuu karaa lamaan ibsa. Inni jalqabaa, haati misirritti sagaagaltuu ta'uu agarsiisadha. Bo'oo arfaffaarratti 'shaarmuxaa beeraa' kan jedhu, eenyummaa haadha misirritti gama amalaan deddeemtuu yookaan joortuu ta'uu agarsiisa. Sababiin isaa, shaarmuxaa beeraa jechuun dubartii umuriin guddoo sagaagaltuu taate ibsa.

Eraan ragaa kana keessatti darbe inni lammataa, eenyummaa haadha misirriittii odeessituu ta'uu agarsiisa. Kunis bo'oo shanaffaarratti 'mellee nadheenii' kan jedhu, eenyummaan dhuunfaa haadha intala heerumtuu odeessitu ta'uu hiika jedhu qaba. Mellee nadheenii jechuun dubartii ganda keessa naannooftee odeessitu jechuudha. Oromoonni Jaawwii Maccaas dubartii akkasiif eenyummaa odeessituu jedhamu kennu. Shamrran Jaawwiis beekumsa kana uummata keessaa dhaga'aa waan guddataniif, sirba gaa'elaatti fayyadamuun eenyummaan haadha intala heerumtuu keessaa odeessitun tokko ta'uu agarsiisanii jiru. Kun immoo, sirba gaa'elaatti fayyadamuun eenyummaa namoota addaan baasanii eeruun akka danda'amu agarsiisa.

Uummanni Oromoo gaa'ela keessatti makmaaksa "haadha ilaalii intala fuudhi," jedhu fayyadamuun eenyummaa eenyummaa ibsu. Kunis ergaa eenyummaan dhuunfaa intalaa kan haadhan safaramuu agarsiisa. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa akkuma ogafaan biroo, eenyummaa dhuunfaa haadha intala heerumtuu ibsuufi ijaaruu akka danda'u ragaa dhihaate kanarraa hubachuun danda'ameera.

## 4. Argannoowwaniifi Yaada Furmaataa

### 4.1. Cuunfaa Argannoowwanii

Bu'aan xiinxala ragaalee qorannoo kanaarraa argame akka agarsiisutti, sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii faayidaalee kabaja mana soddaa, aadaafi safuu barsiisuu qaba. Gurbaa fuudhu qe'een warra soddaa sodaa waan ta'eef, kabaja maatii, firootaafi intala heerumtuuf barbaachisu guutuun of eeggannoo intala fuudhee galuu akka qabu sirbi gaa'elaa barsiisee jira. Dabalataan, misirrichi aadaalee

guyyaa gaa'elaa qe'ee warra intalaatti barbaachisaan kanneen akka aadaa balbal-qabaa, ol-darbaa, gundoo booreefi gatii argaa misirrittii seeraan hordofee guuttachuu akka qabu sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa barsiisuu danda'eera. Akkasumas, sirbi gaa'elaa shamarran safuu durbummaa eeggatanii akka heeruman jajjabeessuuf tajaajila. Faallaa kanaan misirrittiin durbummmaa malee gara heerumaa yoo deemte, safuu ta'uu sirbi gaa'elaa barsiisuurratti shoora mataa isaa qaba.

Bu'aan qorannoo kanarraa argame akka ibsutti, sirbi gaa'elaa bashannansiisuuf tajaajila. Kunis humnaafi akkaataa qindoomina jechoota shamarran ittiin sirbicha dhiheessanirraa madda. Kanarraa ka'uun, qooda fudhattoonni sirna gaa'elaa miira qirqirsuu gonfachuun bashannanu. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa faayidaa bashannansiisuu qaba.

Karaalee Oromoonni Jaawwii Maccaa hawaasummaa ijaaratan keessaa gaa'elli tokko. Sababiin isaa, soddummaan gareen hawaasa garaagaraarraa ijaarama. Kunis akka qajeeltoo safuu Oromootti wal gitiinsa warra soddaafi firoomina dhiigaa qoratamuun taasifama. Shamarran Oromoo Jaawwii Maccaas hawaasummaa Addooyyee jedhamuun qindaa'uun sirba gaa'elaarratti hirmaatu. Kunis raacitii hawaasummaa ijaaramuun dhaloota keessatti humneessa. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa, hawaasummaa uummataafi shamarranii ijaaruu keessatti gumaacha qabaachuun argannoo qorannoo kanaati.

Oromoon Jaawwii Maccaa karaa ittiin dinagdee isaa ibsatu keessaa sirbi gaa'elaa tokkodha. Kanaafuu, shamarran sirba gaa'elaa fayyadamuun gurbaan fuudhu qarshii kaffalee safuuwwan gaa'ela keessatti barbaachisaan akka guuttachuun intala fuudhu gaafatu. Kun immoo, gaa'ela dura qophiin dinagdee taasifamuun qajeeltowwan gaa'elaa guutamuu akka qaban agarsiisa. Dargaggoonnis sirba kana dhaggeeffachuun qabeenyaa horachuuf xiiqa'u. Kunis dinagdee ijaaruu waan jedhamuuf, sirba gaa'elaa dinagdee ijaaruu keessatti humna qabaachuun bu'aa qorannoo kanaarraa argamedha.

Soddoomuun hawaasaa eenyumaa garaagaraa qabanirraa ijaarama. Shamarran Oromoo Jaawwii Maccaas sirba gaa'elaatti fayyadamuun eenyummaa gareen warra soddaa gamaa gamanaa qaban maal akka fakkaatu ibsu. Kunis gama dinagdeefi hawaasummaan cimina yookaan hanqina garee lamaanuu qabanirratti xiyyeeffata. Gareen hanqina qabu sirba kana dhaggeeffachuun keessaa ba'uuf tattaafatu. Gareen cimina qaban immoo, eeggatanii tursiifatu. Kunis

eenyummaa garee waan jedhamuuf, sirbi gaa'elaa eenyummaa garee ijaaruuf akka fayyada. Akkasumas, ergaawwan sirba gaa'elaa keessatti mul'atan eenyummaa dhuunfaa misirrootaa ibsuuf humna qabu. Keesumayyuu, ergaa gama sansakkaa yookaan miidhagina qaamaa misirroota tuquun eenyummaa akkamii akka qaban eeruurratti sirbi gaa'elaa gamaachaa olaanaa qaba. Jamaan sirba kanarratti hirmaatanis ergaa waltajjii sirba gaa'elaarratti darbe qalbeeffachuun eenyummaa isaanii eeggatu. Kanaafuu, sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa, eenyummaa gareefi dhuunfaa ijaaruuf akka fayyadu argamee jira.

## 4.2. Yaboo

Sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii Maccaa, faayidaalee barsiisuufi bashannansiisuu qaba. Akkasumas, hawaasummaa, dinagdeefi eenyummaa ijaaruuf tajaajila. Kanaafuu, dhaabbileen mootummaa naannoo Jaawwii Maccaatti argaman kanneen akka Yuunvarsiitiiwwan, Kolleejjiiwwan, Waajjiraalee Aadaafi Turiizimii; akkasumas dhaabbilee mit-mootummaa garaagaraa leenjiiwwan barbaachiso dhalootaaf kennuun ciicata keessatti uumuun cimsanii gaarii ta'a.

**Wabilee**

Bukenya, A. Kabira, M. and Okomba, M. (1994). *Understanding Oral Latereture***.** Nairobi: Nairobi University Press.

Denisoff, R.S. (1972). The protest songs and skites of Americal Trotskyists. *Journal of Bowling Green University,* vol. 5, pp. 407-424.

Dereje F. (2019). Classifications of Macca Oromoo girls' nuptial songs (sirba sidhaa). *Jimma University Humanities journal of Gda,* vol. 8, pp. 145.

Gemechu B. and Asefa T. (2006). Marriage practice among the Gidda Oromo: Northern Wollega, Ethiopia. *Journal of African Studies,* vol. 15(3), pp. 240-255.

Holcomb B. (1973). Oromo marriage in Wälläga, Ethiopia. *Journal of Ethiopian Studies,* vol.11, pp. 107-142.

Jiraa M. Bulloo F. fi Tarrafee M. (20240. Xiinxala gahee loonii sirna Fuudhaafi heeruma Oromoo Maccaa Keessatti qabu. *Gadaa Journal/Barruulee Gadaa*, vol. 7, pp. 2616-3977.

Kevane, M. (1994). Can their Bean 'identity economics'?'' mimeo. *Harvard academy for International and area studies, vol. 7, pp. 432.*

Leila Q. (2004). Arsi Oromo society viewed through its wedding music. *In: Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies, ed. by Svein Ege, Harald Aspen, Birhanu Teferra and Shiferaw Bekele, Trondheim 2009*. University of Paris, pp.1235-1248.

Megarsa R. (2017). Females' voice through oral poetry among Limmu Oromo, Ethiopia. *Journal of ethnic and culturial studies Jimma unversity*, vol. 4, pp. 28-40.

Megersa R. Terefe M. and Waktole H. (2019). Addooyyee: Girl's Indigenous Friend ship Institution in Oromoo, Ethiopia. *International Journal of Multicultural and Multireligious Understanding,* Vol. 6, pp. 307-319.

Shambel T. (2020). Socio-economic and cultural values of marriage among of Arsi Oromos, in Hethosa Woreda in Oromia Regional State, Ethiopia. *Open Journal of Women's Studies,* Vol. 2, pp 1-8.